Wixinee Labsii Bulchiinsa Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Qophaa'e Lakkoofsa _____/ 2014

Mootummaan dameewwan diinagdee keessatti gahee kutaa diinagdee dhuunfaa jajjabeessaa, qaawwa hanqinni gabaa uumu humna raawwachiisummaa ijaaruudhaan duuchuun misooma ittifufsiisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Dhaabbileen misoomaa gutumaan gutuufi gar-tokkeen qabeenya mootummaa naannichaa ta'an kaayyoo hundaa'aniif karaa amansiisaa ta'een bahachaa, gabaa keessatti dorgomanii bu'aa buufataniin ergama ol'aanaadhaaf dandeettii isaanii cimsachaa tarsiimoo imala badhaadhinaa galmaan gahuufi guddina diinagdee mirkaneessuu keessatti gahee murteessaa taphachuu akka danda'an gochuuf sirna bulchiinsa dhaabbilee misoomaa mootummaa hammayyaa'aa ta'e diriirsuun barbaachisaa waan ta'eef;

Dhaabbileen misoomaa mootummaa gutuumaan guutuufi gar-tokkee qabeenya mootummaa ta'an dorgomaafi bu'a qabeessa ta'anii imala badhaadhinaa eegalameef gahee isaanii akka bahaniifi hojimaata dantaan mootummaafi ummataa ittiin mirkanaa'u diriirsuun waan barbaachiseef;

Dhaabbileen misoomaa mootummaafi dhaabbileen misoomaa gar-tokkeen dhiyeenyatti akka hoogganaman, hordofamaniifi deeggaramaniif hojimaata ifa ta'e diriirsuun Biiroon gahee isaa bahuu akka danda'uuf haala mijaa'aa uumuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Labsii Lakkoofsa 46/1994 Keewwata 49 Keewwata Xiqqaa 3 (a)tiin Labsiin kun baheera.

Kutaa Tokko
Tumaalee Waliigalaa

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Labsiin kun **"Labsii Bulchiinsa Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Lakkoofsa _____/2014"** jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Hiika**

   Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

   1) **"Biiroo"** jechuun Biiroo Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
   2) **"Boordii"** jechuun Boordii hoji-gaggeessaa dhaabbata misoomaa mootummaa bu'uura dambii hundeeffama dhaabbata misoomaa mootummaatiin hundeeffamu jechuudha.

3) **“Boordii Daarekterootaa”** jechuun Boordii hoji-gaggeessaa dhaabbata misoomaa gar-tokkee bu’uura barreeffama hundeeffamaatiin hundaa’u jechuudha.
4) **“Bu’aa Qulqulluu”** jechuun maallaqa galiifi kaffaltii adda addaa irraa argaman irraa baasii adda addaaf bara baajataa keessatti hojii gaggeessituuf, mindaaf, herrega seeraan baasii ta’an, tilmaama dullumaa akkasumas dhalaafi taaksiin kaffalamee herrega hafe jechuudha.
5) **“Dhaabbata Misoomaa Mootummaa”** jechuun dhaabbata misoomaa guutummaan guutuutti kaappitaala mootummaatiin hundaa’uun hojii oomishaa, raabsaa, ijaarsaafi kenna tajaajilaa yookiin hojiiwwan misooma diinagdeefi daldalaa waliin walqabatan irratti bobba’e jechuudha.
6) **“Dhaabbata Misoomaa Gar-tokkee”** jechuun dhaabbata faayinaansii dabalatee Waldaa Aksiyoonaa yookiin Waldaa Ittigaafatamummaan Isaa Murtaa’e akkaataa seera rogummaa qabuun kan hundaa’ee ta’ee, kan mootummaan qooda aksiyoonaa dhibbeentaa shantamaa (% 50) ol keessaa qabu kamiyyuu ni dabalata.
7) **“Dhaabbata Mootummaa Qooda Aksiyoonaa Xiqqaa Keessaa Qabu”** jechuun dhaabbilee faayinaansii dabalatee Waldaa Aksiyoonaa yookiin Waldaa Ittigaafatamummaan Isaa Murtaa’e akkaataa seera rogummaa qabuun kan hundaa’e ta’ee, kan mootummaan qooda aksiyoonaa dhibbeentaa shantamaa (% 50)fi isaa gadi keessaa qabu kamiyyuu ni dabalata.
8) **“Dirqama Tajaajila Hawaasummaa”** jechuun dhaabbileen misoomaa mootummaa bu’uura Labsii kanaafi seerota rogummaa qaban biroo bu’uura godhachuun humnaafi maallaqaan tajaajila hawaasaaf kennan jechuudha.
9) **“Goodayyaa Bu’uuraa (Framework)”** jechuun daangaa faayidaa, hojimaataafi sirna ittiin bulmaataa hoji-gaggeessitoota dhaabbilee misoomaa mootummaa ilaalchisee Biirichaan qophaa’u jechuudha
10) **“Kaappitaala Ka’umsaa”** jechuun dhaabbanni misoomaa mootummaa tokko yemmuu hundeeffamu qabeenya maallaqaan yookiin maallaqaafi akaakuudhaan ramadamuuf jechuudha.
11) **“Kaappitaala”** jechuun dhaabbata misoomaa mootummaa tokkoof yeroo hundeeffama isaafi isaa booda yeroo kamiyyuu mootummaadhaan kan ramadamuuf qabeenya qulqulluu waliigalaa yeroo ramadametti gatii inni qabu jechuudha.
12) **“Mana Maree Bulchiinsaa”** jechuun Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
13) **“Mootummaa”** jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.

14) **"Nama"** jechuun Nama uumamaa yookiin qaama seeraan qaamni namummaa kennameef jechuudha.

15) **"Naannoo"** jechuun Naannoo Oromiyaati.

16) **"Odiitara"** jechuun akkaataa Labsii kanaatiin herrega dhaabbilee misoomaa mootummaa kaappitaala mootummaan guutuu yookiin gar-tokkee keessaa qabu kan qoratu nama uumamaa yookiin dhaabbata qaamni seerummaa kennameef jechuudha.

17) **"Qooda Bu'aa Mootummaa"** jechuun bu'aa qulqulluu irraa herrega ofeeggannoo seeraan hir'atee qooda mootummaaf hafuudha.

3. Ibsa Koornayaa

Labsii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa Raawwatiinsaa

1) Labsiin kun dhaabbilee misoomaa mootummaa irratti raawwatiinsa ni qabaata.

2) Seerota birootiin kan tumame akkuma eegametti ta'ee, dhimmoota Labsii kanaan adda bahanii tumaman dhaabbilee misoomaa gar-tokkeefi dhaabbilee mootummaan qooda aksiyoonaa xiqqaa keessaa qabu irratti raawwatiinsa ni qabaatu.

Kutaa Lama

Hundeeffamaafi Qaama Seerummaa Dhaabbata Misoomaa Mootummaa

5. Haaldureefi Baasii Yeroo Hundeeffama Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa

1) Dhaabbanni misoomaa mootummaa kamiyyuu hundeeffamuun dura haaldureewwan armaan gadii guutamuu qabu:

   (a) Hundeeffama dhaabbatichaaf bu'aan qorannoo qaawwa gabaa agarsiisu jiraachuu isaa;

   (b) Maallaqni callaa kaappitaalaa ka'umsaaf kaffalame herrega baankii maqaa dhaabbata hundeeffamuun banametti galii ta'uu isaa;

   (c) Kaffaltiin akaakuudhaan raawwatame ogeessaan tilmaamamuu isaa yookiin herrega odiitaraan mirkanaa'e kan qabu yoo ta'e, bu'uura galmee herregichaatiin raawwatamuu isaa;

   (d) Tilmaamni kaffaltii akaakuun raawwatame gabaasa ibsa tarreeffama qabeenyaa gatii tokko tokkootiif kennameefi tooftaa tilmaamni ittiin gaggeeffame kan qabu ta'uu isaa;

2) Maallaqni herrega baankii maqaa dhaabbata hundeeffamuun banametti galii ta'e hanga dambiin hundeeffamaa dhaabbatichaa mirkanaa'utti herrega cufaa baankii keessa taa'uu qaba.

6. Qabiyyee Dambii Hundeeffamaa Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa

1) Seerota biroo rogummaa qabaniin kan tumame akkuma eegametti ta'ee, dambiin hundeeffama dhaabbilee misoomaa mootummaa qabiyyeewwan armaan gadii kan qabaatu ta'a:
   (a) Maqaa dhaabbatichaa;
   (b) Kaayyoo dhaabbatichaa;
   (c) Dhaabbatichi Labsii kanaan kan bulu ta'uu isaa;
   (d) Kaappitaala hayyamame yookiin mallattaa'e;
   (e) Kaappitaala akaakuufi maallaqa callaan kaffalame;
   (f) Dhaabbatichi qabeenya waliigalaa qabuu olitti himatamuu akka hin dandeenye;
   (g) Teessoo waajjira muummee dhaabbatichaa;
   (h) Dhaabbatichi dameewwan qabaachuu kan danda'u ta'uu isaa;
   (i) Yeroo turmaata dhaabbatichaafi qabiyyeewwan biroo.
2) Seerota biroo keessatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti tumaan Keewwata kanaa Dhaabbilee Misoomaa gar-tokkee irratti raawatiinsa ni qabaata.

7. Qaama Seerummaa, Ittigaafatamummaafi Hojimaata Dhaabbata Misoomaa Mootummaa

1) Dhaabbanni misoomaa mootummaa kamiyyuu qaama seerummaa ni qabaata.
2) Idaan dhaabbata misoomaa mootummaa uwwifamuu kan danda'u hanga qabeenya waliigalaa dhaabbatichi qabu qofaan ta'a.
3) Dhaabbanni misoomaa mootummaa kamiyyuu gabaa keessatti dorgomaa ta'uun kan hojjetu ta'a.
4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, fayyadamummaa ummataa eegsisuuf barbaachisaa ta'ee bakka argametti mootummaan dhaabbilee misoomaa mootummaa kallattiin hojjechiisuu ni danda'a.

Kutaa Sadii

Itti Waamama, Gurmaa'insaafi Bulchiinsa Dhaabbata Misoomaa Mootummaa

8. Itti Waamama

1) Itti waamamni Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Biirichaaf ta'a.
2) Itti waamamni dhaabbilee misoomaa gar-tokkee akkaataa seera ittiin hundeeffamaniin ta'ee, Biirichi dantaa mootummaafi ummataa kabachiisuuf bu'uura seera rogummaa qabuun kan deeggaruufi hordofu ta'a.
3) Deeggarsaafi hordoffiin Biirichi dhaabbilee misoomaa mootummaafi dhaabbilee misoomaa gar-tokkeetiif taasisu kamiyyuu dhimmoota armaan gadii irratti kan xiyyeeffatu ta'uu qaba:
   (a) Iftoomina kan qabuufi haqa qabeessa kan ta'e;

(b) Bu'a qabeessummaa hojiifi dandeettii raawwachisummaa kan dabalu;

(c) Waytaawaafi baasii kan qusatu;

(d) Qindoomina hojii caalmaatti kan cimsuu; fi

(e) Ittigaafatamummaan akka mirkanaa'u kan taasisu ta'uu qaba.

9. Gurmaa'ina Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa

Dhaabbanni misoomaa mootummaa gurmaa'insa armaan gadii ni qabaata:

1) Boordii;
2) Hoji-gaggeessaa ol'aanaafi akkaataa barbaachisummaa isaatti itti-aanaa yookiin itti-aantota hoji-gaggeessaa; fi
3) Hojjettoota barbaachisoo ta'an biroo.

10. Aangoofi Hojii Biiroo

Aangoofi hojii Biiroof seera birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Biirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Dhaabbilee misoomaa mootummaafi dhaabbile misoomaa gar-tokkee ilaalchisee yaada imaammataafi tarsiimoo ni maddisiisa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha; raawwii isaa ni hordofa;
2) Dhaabbilee misoomaa mootummaa haaraa hundeeffamaniif kaappitaalli ka'umsaa mootummaadhaan akka ramadamuuf yaada murtii mootummaaf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
3) Qorannoowwan hojimaata haaraa, ce'umsa teknolojiifi poteenshaala diinagdee adda addaa ni gaggeessa; hojimaataafi teknolojiiwwan biyyoota alaafi biyya keessaa hojiiwwan dhaabbilee misoomaa mootummaa bu'aa qabeessa taasisuu danda'an madaqsuun hojiirra akka oolan ni taasisa;
4) Kaappitaalli dhaabbilee misoomaa mootummaa yookiin dhaabbilee misoomaa gar-tokkee haaraa hundaa'aniif hayyamame yeroo hundeeffamee kaasee waggaa 5 keessatti kaffalamee akka xumuramu herregni baajata ofeegannoo akka qabamu yookiin mootummaadhaa akka ramadamuuf yaada murtii mootummaf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
5) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 jalatti kan tumamae akkuma eegametti ta'e, akkaataa barbaachisummaa isaatiin kaappitalli hayamame hanga guutamutti kaffaltii qooda mootummaa gara kaappitaalaatti akka galmeeffamu ni taasiisa; Raawwiin isaa Dambii bahuun kan murta'u ta'a.

6) Walitti qabaafi miseensota Boordii dhaabbilee misoomaa mootummaa naamusa, ogummaa, muuxannoofi dandeettii qaban filachuudhaan yaada murtoo Pirezidaantii Mootummaa Naannichaatiif dhiyeessuun akka ramadaman ni taasisa; akkaataa seeraatiin hojiirraa akka ka'an yaada ni dhiyeessa; raawwii hojii isaanii ni hordofa;
7) Dhaabbilee misoomaa gar-tokkeefi dhaabbilee mootummaan qooda aksiyoonaa xiqqaa keessaa qabu keessatti miseensota Boordii Daarektarootaa mootummaa bakka bu'an filatee Pirezidaantiif ni dhiyyeessa; yammuu fudhatama argatu yaa'ii waliigalaa dhaabbatichaaf dhiyyeesuun akka ramadamam ni taasisa;
8) Galma waliigalaafi fiixee bu'aa waggaa irratti kallattii ni kaa'a; raawwii isaa ni hordofa; ni gamaaggama; duubdeebii ni kenna;
9) Karoora waggaa waliigalaafi investimentii dhaabbilee misoomaa mootummaa ni mirkaneessa; raawwii isaa ni hordofa; wixinee karoora waggaa dhaabbilee misomaa gar-tokkee simatee yaada galtee ni kenna; raawwii karooraa ni hordofa; ni gamaaggama; duubdeebii ni kenna;
10) Dhaabbileen misoomaa mootummaafi dhaabbileen misoomaa gar-tokkee kaayyoo misoomaa isaanii galmaan gahuu akka danda'aniif haala humni raawwachiisummaa isaanii itti cimu ni qorata; bu'aa qorannoo hojiirra ni oolcha; raawwii isaa ni hordofa.
11) Fandii Misoomaa dhaabbilee misoomaa mootummaa naannichaa ni bulcha;
12) Bu'aa qulqulluu dhaabbilee misoomaa mootummaa irraa dhibbeentaa mootummaadhaaf dhangala'uu qabu qoratee yeroo kaa'ame keessatti herrega Fandii Misoomaatti galii akka ta'u ni taasisa; galii ta'uu isaa ni hordofa; kanneen hin raawwanne irratti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
13) Hojimaata hojii gaggeessaafi itti aanaan hojii geggeessaa Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa beekumsa, dandeettiifi muuxannoo hojichaaf barbaachisu irratti hundaa'uun haala ittiin ramadamaniifi hojiirraa itti kaafaman ni diriirsa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; ni to'ata;
14) Bu'aa qorannoofi ulaagaa bahu irratti hundaa'uun sadarkaa dhaabbilee misoomaa mootummaa ni murteessa; beekamtii ni kenna;
15) Sirna herregni dhaabbilee misoomaa mootummaa galmee irraa itti haqamuu danda'u qaama dhimmi ilaaluu waliin ni diriirsa; raawwii isaa ni hordofa; raawwiin isaa dambii bahuun kan murtaa'u ta'a;
16) Goodayyaa bu'uuraa qajeelfama ittiin bulmaataa hoji-gaggeessitoota dhaabbilee misoomaa mootummaa ni diriirsa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; ni to'ata; dhaabbilee misooma gar-tokkees ni hordofa; kallattii sirreeffama ni kenna.

17) Seerota rogummaa qabaniin kan tumame akkuma eegametti ta'e, hojimaanni keessoo dhaabbilee misoomaa gar-tokkee dantaa mootummaa kan eege akka ta'uuf ni hordofa; ni deeggara; akka sirreeffamu ni taasisa;
18) Fooyya'iinsa iskeeliifi ka'umsa mindaa hoji-gaggeessitootaafi hojjettootaa dhaabbilee misoomaa mootummaa qoratamee dhiyaatuuf xiinxaluun yookiin ofii isaatii qorachiisuun qaama dhimmi ilaalu hirmaachisuun ni mirkaneessa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; kan dhaabbilee misoomaa gar-tokkee goodayyaa bu'uura ni qopheessa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; raawiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
19) Investimentiiwwan kaayyoo hundeeffama dhaabbilee misoomaa mootummaa galmaan gahuufi ce'umsa industiriif galtee ta'uu danda'an qoratee dhaabbileen misoomaa mootummaa akka irratti hirmaatan ni taasisa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; ni to'ata;
20) Haala dhaabbileen misoomaa mootummaafi qaamoleen dhuunfaa biyya keessaafi biyya alaa walta'iinsa uumuun hojjetan irratti hojimaata ni diriirsa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; ni to'ata;
21) Investimentii dhaabbileen misoomaa gar-tokkeefi dhaabbilee mootummaan qooda aksiyoonaa xiqqaa keessaa qabu gaggeessaniin walqabatee mirgi abba qabeenyummaa mootummaa kabajamuu isaa ni hordofa; ni kabachiisa; murtee investimentii gaggeeffamus ni hordofa;
22) Aangoon Mana Hojii Odiitara Muummichaa Oromiyaatiif kenname akkuma eegametti ta'ee, filannoo odiitaroota alaa dhaabbilee misoomaa mootummaa ni mirkaneessa; gabaasa herreega dhaabbatichaa odiitara alaatiin qoratame kallattiin akka dhiyaatuuf ni taasisa; ni mirkaneessa; argannoo odiitaraa bu'uureffachuun tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa;
23) Seerota biroo rogummaa qabaniin kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, filannoofi raawwii odiitara alaa dhaabbile misoomaa gar-tokkee ni hordofa;
24) Sirna bulchiinsa faayinaansii, odiitii keessaafi galii dhaabbilee misoomaa mootummaa ni diriirsa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; ni to'ata; sanadoota herregaa ni qorachiisa; bu'aa isaa irratti hundaa'ee tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; kan dhaabbilee misoomaa gare-tokkee ni hordofa;
25) Qabeenya dhaabbii dulloomaniifi tajaajilaan ala ta'an yookiin kanneen bitamanii tajaajila hin kennine yookiin hojii dhaabbilee misoomaatiif barbaachisaa hin taane adda baasee qaama dhimmi ilaaluuf dhiyaatanii akka maqfaman yookiin gurguraman ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa; raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a;

26) Dhaabilee misoomaa mootummaa walitti makuun yookiin gargar baasuun yookiin diiguun yookiin gurguruun barbaachisaa ta'uu isaa yaadni ka'umsaa yoo dhiyaate qorannoo gaggeessuun yaada murtii Mana Maree Bulchiinsaatiif ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha;
27) Qorannoo irratti hundaa'uun dhaabbilee misoomaa gar-tokkee bu'a qabeessa hin taane akka gurguramu, walitti makamu yookiin mootummaan qooda isaa keessaa fudhatee akka bahu yaada murtii Mana Maree Bulchiinsaatiif ni dhiyeessa; yammuu murtaa'u hojiirra ni oolcha;
28) Gaaffii liqii dhaabbilee misoomaa Boordiin xiinxalamee dhiyaatuuf gamaaggamee ni mirkaneessa; raawwii isaa ni hordofa; raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
29) Durgoo oolmaafi faayidaalee adda addaa miseensota Boordii qorachuun ni waaltessa; ni murteessa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
30) Sirna onnachiiftuu miseensota Boordiifi hoji-gaggeessitoota dhaabbilee misoomaa mootummaa ni diriirsa; hojiirra akka oolu ni taasisa; ni hordofa; ni to'ata; kan dhaabbilee misooma gar-tokkee dantaafi faayidaa ummataa kan kabachiisu ta'uu isaa ni hordofa; sirna waltawaa ni diriirsa;
31) Sirna madaallii raawwii hojii Boordii dhaabbilee misoomaa mootummaa ni diriirsa; madaallii raawwii Boordii ni gaggeessa; miseensota Boordiif onnachiiftuu ni kenna;
32) Sirna bittaa, bulchiinsaafi itti fayyadama qabeenyaa dhaabbilee misoomaa mootummaa ni diriirsa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
33) Karoora bittaa qabeenya dhaabbii gurguddoo hojii dhaabbatichaaf murteessaa ta'an karoora waggaa dheeraa keessatti qabaman irraa Boordiin xiinxalamee yoo dhiyaate xiinxaalee ni mirkaneessa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; tarreeffamni isaa Dambii bahuun murtaa'a;
34) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 33 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, bittaan qabeenyaa yookiin Investimentiiwwan gurguddoo hangi maallaqa isaanii kaappitala dhaabbilee misooma mootummaa ol ta'e xiinxaaluun yaada murtii Mana Maree Bulchiinsaatiif ni dhiyeessa; yammu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
35) Deemsa, leenjiifi barnoota biyya alaa hojjettootaafi hoji-gaggeessitoota dhaabbilee misoomaa mootummaa ilaalchisee yaada murtoo Boordiin dhiyaatu xiinxalee ni mirkaneessa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
36) Kaappitaalli dhaabbata misoomaa mootummaa akka dabalu Boordii irraa yaadni yoo dhiyaate qoratee Mana Maree Bulchiinsaatiif ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra akka oolu ni taasisa.

Kutaa Afur

Miseensota Boordii, Aangoofi Hojii Isaanii

11. Miseensota Boordii Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa

1) Fo'annoofi filannoon miseensota Boordii naamusa, ogummaa, muuxannoofi dandeettii qaban irratti kan hundaa'u ta'ee, hirmaannaa dubartootaa kan mirkaneesse ta'uu qaba.
2) Baay'inni miseensota Boordii akkaataa sadarkaa dhaabbatichaatti torbaa hanga kudha tokkoo ta'uu ni danda'a.
3) Miseensota Boordii keessaa harka tokko sadaffaan hojjettoota dhaabbii dhaabbatichaa keessaa walgahii waliigalaa hojjettoota dhaabbiitiin kan filataman ta'a.
4) Namni tokko dhaabbata misoomaa mootummaa lamaa ol keessatti miseensa Boordii ta'ee ramadamuu hin danda'u.
5) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 jaltti kan tumame jiraatus, barbaachisaa ta'ee yoo argame, miseensi Boordii tokko miseensa Boordii dhaabbilee misoomaa mootummaa lamaa ol keessatti ramadamuu ni danda'a.

12. Bara Hojii Miseensota Boordii

1) Barri hojii miseensa Boordii waggaa sadii ta'a.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatuyyuu akkaataa barbaachisummaa isaatti miseensi Boordii bara hojii waggaa sadii xumure haala barbaachisummaa isaatiin irradeebiin yeroo tokkoof filatamuu yookiin ramadamuu ni danda'a.

13. Akkaataa Miseensummaan Itti Adda Citu

1) Miseensummaan Boordii sababoota armaan gadiitiin addaan cituu ni danda'a:
   (a) Miseensa Boordii keessaa gad-lakkisuuf fedhii isaatiin yoo iyyate;
   (b) Sababa hanqina gahumsaatiin hojiisaa sirnaan kan hin raawwanne yoo ta'e; yookiin
   (c) Sababa gahaa malee walitti aansuun yeroo sadii ol yookiin bara baajataa tokko keessatti yeroo shaniifi isaa ol walgahii irraa kan hafe yoo ta'e.
2) Miseensi Boordii akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(a)tiin fedhii isaatiin miseensummaa Boordii keessaa bahuu barbaade barreeffamaan walitti qabaa Boordii beeksisuu qaba.
3) Walitti qabaan Boordiis iyyata akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2tiin dhiyaateef guyyaa iyyanni isa dhaqqabe irraa eegalee guyyoota hojii kudhan keessatti Biiroo beeksisuu qaba.

14. Sirna Walgahii Boordii

1) Boordiin ji'atti yeroo tokko walgahii idilee kan qabaatu ta'ee, haalli ariifachiisaan yoo qunname yookiin miseensota Boordii keessaa walakkaa ol yoo gaafatan walitti qabaan Boordii walgahii ariifachiisaa waamuu ni danda'a.
2) Ajandaan walgahii idilee guyyaa sadii dursee miseensota Boordii akka dhaqqabu ni taasifama.
3) Miseensota Boordii keessaa walakkaa ol yoo argaman walgahiin Boordichaa guutuu ta'a.
4) Murteen Boordii sagalee caalmaan kan darbu ta'ee, sagaleen walqixa yoo ta'e yaadni walitti qabaa Boordiitiin deeggarame murtii Boordichaa ta'a.
5) Barreessaan Boordii hojjettoota dhaabbatichaa keessaa manajimentiidhaan filatamee Boordiidhaan kan ramadamu ta'a.
6) Hoji-gaggeessaan dhaabbatichaa walgahii Boordii irratti sagalee malee ni hirmaata.
7) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1-6 tti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, Boordiin sirna walgahii mataa isaa baafachuu ni danda'a.

15. Aangoofi Hojii Boordii

Itti-waamamni Boordii Biiroof ta'ee, aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Hoji-gaggeessaa ol'aanaa, itti-aanaa yookiin itti-aantota hoji-gaggeessaa ol'aanaafi ittigaafatamaa odiitii keessaa ulaagaalee dandeettiiwwan barbaachisoo bu'uura godhachuun filatee ni qacara; ni ramada; hojiirraa ni kaasa; adeemsa raawwii isaa Biiroof ni gabaasa;
2) Qacarrii, ramaddiifi hojiirraa kaafamuu ittigaafatamtoota hojii itti waamamni isaanii hoji-gaggeessaa ol'aanaatiif ta'e, hoji-gaggeessaa ol'aanaatiin yammuu dhiyaatuuf ni mirkaneessa;
3) Goodayyaa bu'uraa Biiroon baasuu keessatti kaffaltii durgoofi faayidaa hojii gaggeessitootaafi hojjettootaa dhaabbilee misoomaa mootummaa qoratamee dhiyaatuuf xiinxaluun yookiin ofii isaatii qorachisuun ni mirkaneessa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
4) Godayyaa bu'uuraa Biirichi kaa'uun hojimaata bulchiinsa humna namaa dhaabbilee misoomaa mootummaa qorachuun yookiin qorachiisuun hojiirra akka oolu ni taasisa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
5) Ulaagaa qacarriifi hojiirraa kaasuu odiitara keessaa dhaabbilee misoomaa mootummaa qorannoo irratti hundaa'uun ni raawwata; Biiroof ni beeksisa;
6) Karoora tarsiimaa'aa ergama dhaabbatichaa waliin walsimu yeroo isaa eeguun qopheessisee akka mirkanaa'u Biiroof ni dhiyeessa; yeroo mirkanaa'u ni raawwachiisa;

7) Karoora hojii waggaa, baajataafi gabaasa dhaabbata misoomaa mootummaatiin dhiyaatuuf xiinxalee Biiroof ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra akka oolu ni taasisa; ni hordofa;
8) Sirna madaalliifi onnachiistuu Biiroon diriirse irratti hundaa'uun madaallii hooggansa dhaabbilee misoomaa mootummaa ni gaggeessa; onnachiistuu ni kenna;
9) Barri baajataa xumuramee ji'a jaha keessatti qooda bu'aa mootummaa lakkoofsa herrega baankii Fandii Misoomaatti galii akka ta'u ni taasisa;
10) Kaappitaalli dhaabbatichaa akka dabalu Biiroof yaada ni dhiyeessa;
11) Odiitara alaafi keessaatiif galmeewwaniifi arshameewwan herregaa akkasumas gabaasa raawwii hojii faayinaansiifi ibsawwan herregaa dhaabbatichaa Biiroof yeroo isaa eegee akka dhiyaatu ni taasisa;
12) Bittaa qabeenya dhaabbii gurguddoo hojii dhaabbatichaaf murteessaa ta'an daangaa aangoo isaa ta'e karoora irratti hundaa'uun ni mirkaneessa; kanneen daangaa aangoo isaatiin ol ta'an irratti Biiroof gaaffi ni dhiyeessa; murtii kennamu irratti hundaa'udhaan ni raawwachiisa; raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a;
13) Herregniifi meeshaawwan dhaabbatichaa akkaataa seeraatiin qabamuu isaanii ni to'ata;
14) Sirna onnachiistuun hojjetaa ogummaa addaa qabuuf itti kaffalamu ni diriirsa;
15) Boordiin dhaabbata misoomaa mootummaa kamiyyuu hojii hordoffiifi deeggarsaa ogummaa kennuuf koreewwan xixiqqaa barbaachisoo ni hundeessa.

16. Ittigaafatamummaa Miseensota Boordii

1) Miseensonni Boordii bu'uura Labsii kanaafi seerota rogummaa qabuun aangoofi hojii isaanitti kenname ofeeggannoon raawwachuu qabu.
2) Miseensa Boordii ta'uu isaaniitiin odeeffannoofi ragaa argatan dhimma dhaabbatichaan ala itti fayyadamuun dhorkaadha.
3) Miseensi Boordii kamiyyuu hojiin idilee isaa yookiin ittigaafatamummaan inni qabu dantaa dhaabbaticha waliin kan walitti bu'u yoo ta'e walitti qabaa Boordii beeksisuun fedhii isaatiin miseensummaa gad-dhiisuu qaba.
4) Miseensonni Boordii bu'uura Labsii kanaan hojii isaanii sirnaan raawwachuu dhabuun miidhaa dhaabbaticharra gahu kamiifiyyuu dhuunfaafi waliin kan ittigaafataman ta'u;
5) Miseensonni boordii murtee waliin murteessaniif waliin kan ittigaafataman ta'ee, murteen yeroo kennamu miseensi Boordii mormee sagaleen adda bahe, ittigaafatamummaa murtichi hordofsiisu irraa bilisa ta'uuf yaada isaa barreessee mallatteessuu qaba.

17. Boordii Daarektarootaa Dhaabbilee Misoomaa Gar-Tokkee

Labsii kana Keewwata 11-16 jalatti kan tumame jiraatus, haalli filannoo, baay'inni, barri hojii, sirni walgahii, aangoofi hojii, haala miseensummaan adda itti cituufi ittigaafatamummaan miseensota Boordii Daarektarootaa dhaabbilee misoomaa gar-tokkee akkaataa seera rogummaa qabu, barreeffama hundeeffamaafi Dambii ittiin bulmaataa isaaniitiin ta'a.

18. Aangoofi Hojii, Hoji-Gaggeessaa Ol'aanaa

Ittiwaamamni hoji-gaggeessaa ol'aanaa dhaabbilee misoomaa mootummaa Boordiidhaaf ta'ee, aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Hojiiwwan dhaabbatichaa ni karoorsa; ni gurmeessa; ni hooggana; ni bulcha; ni to'ata;
2) Karoora tarsiimaa'aa dhaabbatichaa qopheessee Boordiif ni dhiyeessa; yeroo mirkanaa'u ni raawwata; ni raawwachiisa;
3) Karoora hojiifi baajata dhaabbatichaa Boordiif ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
4) Walqunnamtii hojii dhaabbatichi qaama sadaffaa waliin taasisuu irratti bakka ni bu'a;
5) Qacarrii, ramaddiifi hojiirraa kaasuu ittigaafatamtoota hojii ittiwaamamni isaanii hojii-gaggeessaa ol'aanaatiif ta'e Boordiif ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
6) Qajeelfama bulchiisa hojjettootaafi seera hojjetaafi hojjechiisaa irratti hundaa'uun hojjettoota dhaabbatichaa ni qacara; ni jijjiira; ni ramada; hojiirraa ni gaggeessa;
7) Qabeenya dhaabbatichaa ni bulcha;
8) Gamaaggama raawwii hojii Biiroon gaggeessuu irratti gabaasa dhiyeessuun ibsa ni kenna;
9) Herrega dhaabbatichaa yeroon hojjechiisuun yookiin odiitaraan qorachiisuun gabaasa ni dhiyeessa; bu'aa qulqulluu argame irraa hangi qooda mootummaa seeraan murtaa'e yeroo isaa eeggatee Fandii Misoomaatti galii akka ta'u ni taasisa;
10) Wixinee waliigaltee gamtaa qophaa'e Boordiif ni dhiyeessa; yaada kennameen wixinicha sirreessee bu'uura seera rogummaa qabuutiin waliigalticha ni mallateessa;
11) Murteewwan Boordii ni raawwata; ni raawwachiisa;
12) Hojiiwwan dabalataa Boordiin kennamuuf ni raawwata.

19. Ittigaafatamummaa Hoji-Gaggeessaa Ol'aanaa

Seerota birootiin kan tumame akkuma eegametti ta'ee, hoji-gaggeessaa ol'aanaan dhaabbata misoomaa mootummaa kamiyyuu yeroo hojiisaa raawwatutti dagannoon yookiin itti yaadee miidhaa dhaabbaticha irraan geessisuuf seeraan kan itti gaafatamu ta'a.

Kutaa Shan

Kaappitaala Dhaabbata Misoomaa Mootummaa yookiin Dhaabbata Misooma Gar-tokkee

20. Kaappitaala Hundeeffamaa

1) Maddi kaappitaala hundeeffama dhaabbata misoomaa mootummaa yookiin dhaabbata misoomaa gar-tokkee baajata mootummaan ramadu yookiin maallaqa Fandii Misoomaa yookiin baajata mootummaan ramaduufi kaappitaala qaama dhuunfaa irraa ramadamu ta'a.
2) Kaappitaalli dhaabbata misoomaa mootummaa yookiin dhaabbata misoomaa gar-tokkee maallaqaan yookiin akaakuudhaan ta'uu ni danda'a.
3) Kaappitaalichi akaakuudhaan yoo ta'e, Biiroon ogeessaan kan shallagame ta'uu yookiin bu'uura galmee qabeenyaatiin sirrii ta'uu isaa ni mirkaneessa.

21. Kaappitaala Hayyamame Yookiin Mallattaa'eefi Kaffalame

1) Dhaabbanni misoomaa mootummaa yookiin dhaabbata misoomaa gar-tokkee kamiyyuu yeroo hundeeffamu kaappitaala hayyamame yookiin mallattaa'e keessaa hangi kaappitaala kaffalamee, dhibbeentaa digdamii shaniifi isaa ol ta'uu qaba.
2) Kaappitaalli dhaabbanni misoomaa mootummaa yookiin dhaabbilee misoomaa gar-tokkee hayyamame yookiin mallattaa'e guyyaa dhaabbatichi hundeeffame irraa eegalee waggoota shan keessatti guutumaan guutuutti kaffalamee xumuramuu qaba.
3) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin kaappitaalli dhaabbanni misoomaa mootummaatiif hayyamame yeroo murtaa'e keessatti guutumaan guutuutti kaffalamee kan hin xumuramne yoo ta'e, mirga qaama sadaffaa osoo hin tuqin Biiroon kaappitaala dhaabbatichaa gara hanga kaappitaala kaffalameetti akka xiqqaatu ni murteessa.
4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, haalli kaappitaala dhaabbilee misoomaa gar-tokkee itti kaffalamee xumuramu akkaataa seera rogummaa qabuutiin kan raawwatamu ta'a.

22. Kaappitaala Dabaluu Yookiin Hir'isuu

1) Dhaabbata misoomaa mootummaatiif kaappitaalli dabalataa kan barbaachisu ta'uu Boordiin dhaabbatichaa gaaffii yoo dhiyeesse, Biiroon gaaffii dhiyaate xiinxaluun kaappitaalli dhaabbatichaa akka dabalu yaada murtee mootummaaf ni dhiyeessa.
2) Kaappitaalli dhaabbilee misoomaa gar-tokkee kan dabalamuu danda'u akkaataa seera ittiin hundeeffamaniitiin ta'a.
3) Mirga qaama sadaffaa osoo hin tuqin haalli armaan gadii yoo qunname kaappitaalli dhaabbanni misoomaa mootummaa yookiin dhaabbilee misoomaa gar-tokkee hir'ifamuu ni danda'a:
   (a) Kaappitaalli dhaabbatichaa akka hir'ifamu odiitarri yaada yoo dhiyeesse;

(b) Kaappitaalli dhaabbatichaaf hayyamame guutumaan guutuutti kaffalamee kan hin xumuramne yoo ta'e.

Kutaa Jaha

Maqaafi Mallattoo Daldalaa Dhaabbata Misoomaa Mootummaa

23. Maqaa Dhaabbata Misoomaa Mootummaa

Maqaan dhaabbata misoomaa mootummaa kamiyyuu:

1) Maqaa hojii isaa ittiin gaggeessu ta'ee, hojii dhaabbatichaa ifatti kan agarsiisu ta'uu;
2) Seeraafi safuu ummataa kan hin faallessine, akkasumas mirga qaama sadaffaa kan hin tuqne ta'uu; fi
3) Iddoo hojii dhaabbatichaatti ifatti mul'achuu qaba.

24. Haala Ittifayyadama Maqaa

1) Filannoon maqaa dhaabbata misoomaa mootummaa kamiyyuu qaama dhimmi ilaallatuun mirkanaa'uu qaba.
2) Dhaabbanni misoomaa mootummaa kamiyyuu tumaalee Labsii kanaafi seerota rogummaa qaban biroo darbuun maqaa isaatti kan fayyadame yoo ta'e, seeraan kan ittigaafatamu ta'a.

25. Mallattoo Daldalaafi Haala Ittifayyadama Isaa

1) Dhaabbanni misoomaa mootummaa kamiyyuu oomisha oomishuu yookiin tajaajila kennu kan ittiin ibsuufi dhaabbata biroo irraa kan adda isa baasu moggaasa maqaa, aasxaafi mallattoo addaa qabaachuu qaba.
2) Dhaabbanni misoomaa mootummaa kamiyyuu mallattoo daldalaa yammuu filatu seeraafi safuu ummataa kan hin faallessine, akkasumas mirga qaama sadaffaa kan hin tuqne ta'uu isaa mirkaneeffachuu qaba.
3) Mallattoon daldalaa kamiyyuu osoo hojiirra hin ooliin dura qaama mootummaa dhimmi ilaaluun kan galmaa'e ta'ee, Gaazexaadhaan maxxanfamee akka bahu ni taasifama.

Kutaa Torba

Sirna Herregaafi Odiitii Dhaabbata Misoomaa Mootummaa yookiin Dhaabbata Misoomaa Gar-tokkee

26. Sirna Qabiinsa Herregaa

Sirni qabiinsa herrega dhaabbanni misoomaa mootummaafi dhaabbilee misoomaa gar-tokkee kamiyyuu akkaataa qabiinsaafi gabaasa herrega seera daldalaatiin fudhatama kan qabu ta'uu qaba.

27. Bara Baajataa, Cufiinsa Herregaafi Gabaasa Faayinaansii

1) Barri baajata dhaabbilee misoomaa mootummaa Adoolessa 1 irraa hanga Waxabajjii 30tti ta'a.
2) Dhaabbanni misoomaa mootummaa kamiyyuu yoo xiqqaate herrega isaa waggaatti yeroo tokko cufuu qaba.
3) Herregni waggaa barri baajataa xumuramee ji'a sadii keessatti cufamee odiitara alaatiif banaa ta'uu qaba.
4) Dhaabbanni misoomaa mootummaa yookiin dhaabbilee misoomaa gar-tokkee kamiyyuu haala raawwii hojii herrega waggaa barri baajataa xumuramee ji'a sadii keessatti gabaasa qopheessee Biiroof dhiyeessuu qaba.
5) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti akkaataa tumameen herrega cufuu dhabuun ittigaafatamummaa kan hordofsiisu ta'a.
6) Barri baajataafi cufiinsi herregaa dhaabbilee misoomaa gar-tokkee akkaataa seera ittiin hundeeffamaniitiin ta'a.

28. Herrega Ofeeggannoofi Ittifayyadama Isaa

1) Dhaabbanni misoomaa mootummaa kamiyyuu herrega ofeeggannoo seera qabeessa ta'e ni qabaata.
2) Dhaabbanni misoomaa mootummaa kamiyyuu bu'aa qulqulluu argate irraa dhibbeentaa shan waggaa waggaan herrega ofeeggannoo seeraatti hanga kaappitaala dhaabbatichaa dhibbeentaa digdama gahutti dhangalaasuu qaba.
3) Herregni ofeeggannoo kisaaraa dhaqqabe haguuguuf yookiin baasii yookiin kaffaltii idaa hin yaadamneef ooluu ni danda'a.
4) Dhaabbilee misoomaa gar-tokkee ilaalchisee haalli raawwii herrega ofeeggannoofi ittifayyadama isaa akkaataa seera ittiin hundeeffamaniitiin ta'a.

29. Kaffaltii Gibiraafi Taaksii

Mirgi dhaabbata misoomaa mootummaa yookiin dhaabbilee misoomaa gar-tokkee gibiraafi taaksii irraa bilisa ta'uu seera birootiin kenname akkuma eegametti ta'ee, seeronni gibiraafi taaksii mootummaa akkaataa barbaachisummaa isaatti dhaabbilee misoomaa mootummaa irratti raawwatiinsa ni qabaata.

30. Qooda Bu'aa Mootummaa Walitti Qabuufi Hojiirra Oolchuu

1) Dhaabbileen misoomaa mootummaa, dhaabbileen misoomaa gar-tokkeefi dhaabbileen mootummaan qooda aksiyoonaa xiqqaa keessaa qabu kamiyyuu barri baajataa xumuramee ji'a jaha keessatti qooda bu'aa mootummaa lakkoofsa herrega baankii Fandii Misoomaatti galii taasisuu qabu.

2) Qoodni bu'aa mootummaa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin Fandii Misoomaatti galii ta'u hojii qo'annoofi qorannoo, ce'umsa teknolojii, dhaabbilee haaraa hundeesuufi akkaata barbaachisummaa isaatiin kaappitaala dhaabbilee misooma mootummaa guddisuuf kan oolu ta'a.
3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'e, kaappitaalli dhaabbata misoomaa mootummaatiif hayyamame hanga guutummaatti kaffalamee xumuramutti qoodni bu'aa mootummaa dhaabbatichi Fandii Misoomaatti galchuu qabu gara kaappitala dhaabbatichaatti akka galmeeffamu taasisuun ni danda'ama.
4) Raawwiin Keewwata kanaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

31. Filannoo Odiitaraa

1) Aangoofi hojiin seeraan Mana Hojii Odiitara Muummicha Oromiyaatiif kenname akkuma eegametti ta'ee, herregni dhaabbata misoomaa mootummaa kamiyyuu odiitara alaatiin qoratamuu ni danda'a.
2) Yeroon turtii hojii odiitara alaa Biiroon kan murtaa'u ta'ee bara baajataa walitti aanu sadii caaluu hin qabu.
3) Dhaabbilee misoomaa gar-tokkee ilaalchisee haalli raawwii Keewwata kanaa akkaataa seera ittiin hundeeffamaniitiin ta'a.
4) Odiitarri alaa filatamu ulaagaalee naamusa ogummaa odiitarummaafi seerota rogummaa qabaniin bahan kan guutu ta'uu qaba.

32. Dirqama Herrega Qorachiisuu

Namnni maallaqa yookiin qabeenya dhaabbata qoratamuu kan fuudhe yookiin baasii kan taasise, kan kaffale yookiin ittigaafatamaa herregaa kan ta'e kamiyyuu odiitara alaa yookiin odiitara keessaatiin yammuu gaafatamu herrega qorachiisuufi odeeffannoo yookiin ragaalee barbaachisu dhiyeessuuf dirqama qaba.

Kutaa Saddeet

Walitti Makamuu, Gargar Bahuu Dhaabbilee Misoomaa Mootummaafi Dhaabilee Misomaa Gar-Tokkee

33. Qajeeltoo Bu'uuraa

1) Walitti makamiinsi yookiin gargar bahiinsi dhaabbilee misoomaa mootummaa yookiin dhaabbilee misoomaa gar-tokkee qorannoo irratti kan hundaa'e ta'uu qaba.
2) Walitti makamiinsi yookiin gargar bahiinsi dhaabbilee misoomaa mootummaa yookiin dhaabbilee misoomaa gar-tokkee haala dantaa mootummaafi ummataa, akkasumas mirga qaama sadaffaa hin miineen raawwatamuu qaba.

34. Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Walitti Makuu, Gargar Baasuu Yookiin Gurguruu

Manni Maree Bulchiinsaa dhaabbileen misoomaa akka walitti makaman yookiin gargar bahan yookiin gurguraman murteessuu ni danda'a. Raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

35. Mirgaafi Dirqama Dabarsuu

1) Mirgiifi dirqamni dhaabbilee misoomaa mootummaa walitti makamanii gara dhaabbata misoomaa mootummaa haaraa hundeeffameetti darba.
2) Mirgiifi dirqamni dhaabbilee misoomaa mootummaa gargar bahanii dhaabbata misoomaa mootummaa haaraa ta'uun hundaa'an gidduutti jiru akkaataa itti qoodamu yaada murtii Biiroon qophaa'ee Mana Maree Bulchiinsaatti dhiyaatee kan murtaa'u ta'a.
3) Dhaabbanni misoomaa mootummaa gargar bahe qaama sadaffaaf dirqamni duraan seene yoo jiraate dhaabbileen haaraa uumaman dhuunfaafi waliin ittigaafatamummaa ni qabaatu.

Kutaa Sagal

Diigamuu Dhaabbata Misoomaa Mootummaafi Herrega Qulqulleessuu

36. Sababa Diigamuu

Dhaabbanni misoomaa mootummaa kamiyyuu sababoota armaan gadiitiin diigamuu ni danda'a:

1) Yeroon turmaata dhaabbatichaa seera ittiin hundeeffame keessatti tumame yoo xumurame;
2) Hojiin dhaabbatichi hundeeffameef yoo xumurame;
3) Dhaabbatichi kaayyoo dhaabbateef fiixaan baasuu yoo baate yookiin haala kamiinuu raawwatamuu kan hin dandeenye yoo ta'e;
4) Kaappitaala dhaabbatichaaf kaffalame keessaa dhibbeentaan shantamaa (% 50)fi isaa ol yoo bade yookiin yoo kasaare;
5) Manni Maree Bulchiinsaa dhaabbatichi akka diigamu yoo murteesse; yookiin
6) Dhaabbatichi kasaaruu isaa Manni Murtii kan murteesse yoo ta'e.

37. Adeemsa Herrega Qulqulleessuufi Murtii Diigamuu Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa

1) Dhaabbanni misoomaa mootummaa kan diigamu yoo ta'e herregni isaa qulqullaa'uu qaba.
2) Dhabbanni misoomaa mootummaa kamiyyuu akka diigamuuf kan murtaa'e yoo ta'e, qulqulleessitoonni herregaa kan ramadaman ta'ee abbootiin mirgaa adeemsa herrega qulqulleessuu akka beekan kan taasifamu ta'a.

3) Mirgi nama dhaabbata misoomaa mootummaa diigameen walqabatu kamiyyuu akkaataa Labsii kanaafi seerota rogummaa qabaniin kan eegamu ta'a.
4) Biiroon gabaasa xumuraa ibsa qabeenyaafi idaa dhaabbata diigamuu qaama dhimmi ilaaluun mirkanaa'eefi yaada murtii waliin Mana Maree Bulchiinsaatiif dhiyeessuun seerri dhaabbatichi ittiin hundeeffame akka haqamu ni taasisa.
5) Sanadoonniifi galmeewwaan dhaabbata misoomaa mootummaa diigamee waggaa kudhaniif Biiroodhaan sirnaan qabamuu qaba.
6) Qaamni galmeewwan dhaabbata diigamee qorachuu barbaade kaffaltii tajaajilaa raawwachuun qorachuu ni danda'a.
7) Diigamiinsa dhaabbata misoomaa mootummaa ilaalchisee murtiin kennamu gaazexaadhaan maxxanfamee bahuu qaba.
8) Haalli raawwiin Keewwata kanaa dhaabbilee misoomaa mootummaa ilaalchisee Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

38. Haala Diigamiinsaafi Qulqulleessa Herregaa Dhaabbilee Misoomaa Gar-Tokkee

Akkaataan Dhaabbilee Misoomaa Gar-tokkee itti diigamaniifi herregni isaanii itti qulqullaa'u akkaataa seerota rogummaa qabaniin, barreeffama hundeeffamaafi dambii ittiin bulmaataa isaaniitiin kan raawwatamu ta'a.

39. Qabeenya Mootummaaf Galii Ta'uu Qabu

Hafteen qabeenya dhaabbata diigamee qulqullaa'ee sanduqa mootummaatti galii ta'uu qaba.

Kutaa Kudhan
Tumaalee Adda Addaa

40. Ittigaafatamummaa

1) Dhaabbileen misoomaa mootummaa qajeelfama seera qabeessa Biiricha irraa kennamu fudhatanii hojiirra oolchuuf dirqama qabu.
2) Qajeelfamni bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin kennamu barreeffamaan yookiin maloota biroo kamiinuu fayyadamuun ta'uu ni danda'a.
3) Seerota birootiin kan tumame akkuma eegametti ta'ee, hooggansi dhaabbilee misoomaa mootummaa qajeelfama seera qabeessa kennameef fudhatee hojiirra kan hin oolchine yoo ta'e, Biirichi tarkaanfii sirreeffamaa fudhatee qaama dhimmi ilaalu ni beeksisa.

41. Sirna Gabaasafi Gamaggamaa

Sirni gabaasaafi gamaaggama raawwii hojii Qajeelfama Biirichi baasuun kan murtaa'u ta'a.

42. Dirqama Tajaajila Hawaasummaa

1) Dhaabbanni misoomaa mootummaa kamiyyuu tajaajila hawaasummaa ergamaafi kaayyoo isaanii waliin waliitti dhufeenya qabu hawaasa naannootiif kennuu qabu.
2) Tajaajilli kennamu akaakuufi maallaqaan ta'ee, karoora waggaa dhaabbatichaa keessatti hammatamee mirkanaa'uu qaba.
3) Tajaajilli hawaasummaa kennamu rakkoo hawaas-diinagdeefi kunuunsa qabeenya uumamaa irratti kan xiyyeeffatu ta'ee, tajaajila lammummaa seerota rogummaa qabaniin tumaman kan dabalatu ta'a.

43. Tumaalee Ce'umsaa

Dhimmoonni osoo Labsii kun hin ragga'in dura adeemsa irra jiran akkaatuma seera duraatiin kan itti fufan ta'a.

44. Aangoo Dambiifi Qajeelfama Baasuu

1) Manni Maree Bulchiinsaa Labsii kana raawwachiisuuf Dambii baasuu ni danda'a.
2) Biiroon Labsii kanaafi Dambii Labsii kana raawwachiisuuf bahu hojiirra oolchuuf Qajeelfama baasuu ni danda'a.

45. Raawwatiinsa Seerota Biroo

Tumaaleen Labsii kanaa jiraatuyyuu, tumaaleen seera daldalaa, seera hariiroo hawaasaafi seeronni biroo rogummaa qaban akkaataa dhimmichaatiin dhimmoota Labsii kana keessatti hammataman irratti raawatiinsa ni qabaatu.

46. Seerota Haqamaniifi Raawwatiinsa Hin qabne

1) Labsiin Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 181/2005 Labsii kanaan haqameera.
2) Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Lakkoofsa 242/2014 Keewwata 28 Keewwattoonni Xiqqaan 1, 8, 10, 12, 13, 15, 16, 17, 18, 20, 22, 23, 24, 27, 28, 29, 31, 32, 33, 34, 39, 40, 41fi 42 Labsii kanaan haqamanii jiru.
3) Seeronniifi barmaatileen hojii dhimmoota Labsii kana keessatti tumaman waliin walfalleessan kamiyyuu Labsii kana irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

47. Yeroo Labsiin Kun Hojiirra Itti Oolu

Labsiin kun guyyaa magalata Oromiyaa irratti maxxanfamee bahe irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Finfinnee, _____ Guyyaa ____ Bara 2014

Shimallis Abdiisaa

Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa